Ibsa waliigaltee haasaa nagaa Adda Bilisummaa Oromoo - Qaama Cehumsaa fi Mootummaa Itophiyaa jidduutti geggeeffame Ilaalchisee

Sadaasa 1, 2018

Jillii hoggana ol'aana ABO kan Jaal Galaasaa Dilboo, Haayyu Duree Adda Bilisummaa Oromoo Qaama Cehumsaan (ABO-QC) durfamee fi karaa Mootummaa Itophiyaa Dr Warqinee Gabayyoo, Minsteera Dantaa Alaa Ithopiyaan durfame walgahii biyya Jarman, magaala Berlin keessatti Onkolooleessa 30, bara 2018 adeemsifame irratti mariin haasaa nagaa yeroo dheeraf deemaa ture xumurame jira.

Qaamni maree geggeesse kun wal dhabbiilee waggoota afurtamii-shaniif (45) bulchitoota Itophiyaa fi ABO jidduutti adeemaa ture irraa kan ka'een lubbuun danuun galaalfatamunii fi qabeenyaan danuun barbadaa'uun isaa gama hundaan hubatamuu waliif mirkaneesse jira. Haala kana karaa nagaa furuuf, waliigalte haqa irraatti hunda'en waliin hojjechuuf, akkasumas nagaa biyya sana keessatti argamsiisuuf qophii ta'uu isaaniis murtiilee dabarsaniin mirkaneessaniiru.

Waliigalteen kunis nagaa waaraatti akka cheesisuuf, diinummaan bifa kamiinuu turee fi jiru furmaata akka argatu, bifa waloon hojjechuu fi wal amantaa daagagsudhaan akka waliin hojjetamu walii galameera.

Waliigaltee nagaa kana irratti hundaa'uun hogganni ABO-QC yeroo gababaa keessatti biyyatti deebi'uun akkeeka siyaasaa qabate, kan sagantaa siyaasaa isaa irratti hunda'e hojii irra oolchuuf Finfinneetti akka deebi'u asumaan hubachiisa.

Oromiyaan Ni Bilisoomti!

Koree Hoji-Raawwachiiftu ABO-QC